

Guyyaan Yaadannoo FDG Melbourne, Australia keessatti

sirna ho'aan kabajame

Guyyaan yaadannoo FDG naannoo Australia, magaalaa Melbourne keessatti bakka Hoogganootni ABO, miseenonnii fi hawaasti Oromoo hedduminaan irratti argamanitti guyya Sadaasa 23, 2014 sirna ho'aan kabajamee ooleera. Qindoomina ABO Konyaa Victoriatin sagantaa qophaa'e kun kan eegalame eeba maanguddoo, wareegamtoota yaadachuu fi faaruu alaabaaan yeroo ta'u wareegamtoota walii galatti fincila Oromoo keessatti wareegama kaffalan ittiin yaadachuu fi muldhata ifa fuulduree QBO akeeku dungoon dhaloota haaraan qabsiifamee jira.



Maanguddoo eebbaa



sirna dungoo qabsiisuu

Haalaa fi sababa kabaja ayyanaa guyya kanaa ibsuun sagantaan ayyaanichaa dura taa'aa ABO konyaa Victoria J/Abdataa Homaatin eega banamee booda uummata ayyanaa kana irratti argaman baga nagaan dhuftan jedhiiru.

Sadaasa 09, 2005 labsii fi waamicha ABO uumata Oromoof godheef owwaachuun fincila barattooni, dargaggoonnii fi uummanni Oromoo gaggeessen bu'aa argame daran jabeessuu fi miidhaa mootummaan Wayyanee irraan geessise yaadataa as ga'uu, har'a yeroo 9ffaaf biyya keessaa fi alatti uummata Oromoo biratti kabajamaa akka jiru kan hubaachiisan ammoo hooggana ABO kan ta'an J/Gaashuu Lammeessaa miseensa GS fi Birkii Beeksisi fi Odeessii biyya Alaa ABO turani.



J/Gaashuu Lammeessaa

J/Gaashuu Lammeessaa Oromoont sirna garboomsataa mootummoota Itiyophiyaa dhufaa darbanii irratti fincila gaggeessaa as ga'uu yaadachuu addatti ammoo fincila barattooni Oromoo fi uummanni keenya waamicha ABO 2005 dabarsee asitti mootummaa abbaa irree Wayyanee irratti gaggeessaa jiru gadi fageenyaan ibsa kennaniiru. Keessattuu heedummina barattootaa fi uummataa Oromoo FDG kanaan wal-qabatee tarkaanfii ajjeechaa baroota darban kana keessa mootummaa Wayyaneeen irratti raawwatame, addatti

ammoo bara 2014 fincila barattootaa maqaa maaster plaanii magaalaa Finfinneen walqabtee gaggeeffamaa ture, godinaalee Oromiyaa hundaa keessaatti, hanga aanaaleetti gadi bu'uun gabaasa dhaqqabe irraatti hundaa'un ibsa bal'aa kennaniiru. Dhimma gabasa kanaan walaqabatee odeeffannoo ragaan jiru bakka dhalootaa, haala maatii, sadarkaa barnootaa, umurii fi haala jirenya cuunfaa gabaasa kanaa fuula duratti hanga tokko mar-sariitii Qeerroo.com jedhu irratti ibsamuuf akka jiru hubachiisaniiru.

Kana malees yeroo ammaa mana hidhaa Wayyaanee kan beekamuu fi bakka hin beekamne keessatti hidhamanii dararaa daangaa hin qabne kan irratti raawwataa jiru, achi buuteen isaanii kan hin beekamnee fi biyyarrraa ariyataman hagana jechuun namadhiba jedhaniiru. Kun hundi ta'ee haalli har'a uummanni keenyaa fi barattooni Oromoo, addaatti Qeerroon biyya keessaa mootummaa Wayyaanee irratti fincila gaggeessu dabala fi jabaachaa dhufuu, Wayyaanee daran yaaddoo keessa galchuu hubachiisuun humna yeroo ammaa biyya keessaa socho'aa jiru kanaaf sagalee ta'uu fi waan nurraa eegamu maraan bira dhaabbachuun yeroon isaa amma jedhaniiru.



J/Bultum Biyyoo

Kun ammoo Oromoorn har'a
dhimma qabsoo abbaa
biyyummaa fi mirga isaa
irratti akka inni afaan
tokkoon dubbatu gochuu
irra darbee halagaan illee
waa'ee uummata Oromoo
irraa akka haasa'uu fi mirgi
isaa dhiitamaa jiraachuu
akka hubatu fi falmuuf
taasiseera jedhaniiru.

Kana malees haala adeemsa QBO yeroo
ammaa fi sochii fincila biyya keessaan wal
qabsiisanii ibsa kan kennan J/Bultum Biyyoo
I/A/HD ABO turani. J/Bultum Biyyoo ibsa
isaanii keessatti Qabsoo Oromoo bifaa
hedduun gaggeessuuf jecha qabsoo
hidhanno, siyaasaa fi diplomaasii ABOn
gaggeessu cinatti uummanni karaa nagaa
Mootummaa abbaa irree irratti fincila
gaggeessuun mirga isaa akka gaafatu labsuu fi
hubachiisuun qabsicha daran fuula duratti
akka tarkaanfatu godheera jedhaniiru.



Haaluma kanaan wal qabsiisuun yeroo ammaa ABO mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti araara fiduu fi tasgabeeessuuf tattaaffii gochaa jiru keessatti milkaa'ina araaraa QC ABO waliin godhame xuquun haasaan jaarmayaalee Oromoo hafan fi kaayyoo siyaasaa wal fakkaataa qaban, kaneen akka ULFO fi kanneen biroo wajjin dhimmi haasaa araaraa itti fufee kan jiru ta'uu ibsanii jiruu. Kanaafuu dararaa daangaa hin qabne yeroo ammaa Mootummaan abbaa irree Wayyaanee uummata keenya Oromoo irratti raawwachaa jiru hubatee Oromoorn afaan tokko haasa'uun diina isaa dura dhaabbachuu qaba, bakkayyuutti keessaa fi alaan hojji diina laamshessuu irratti haa hojjennu jedhaniiru.



Ayyaana FDG magaalaa Melbourne, Australia irratti kabajame kana irratti do'ii gabaabduu ergaa seenaa darbe yaadaachiiftuu fi fuula duratti hanga QBO bakka ga'utti waan Oromoo irraa eegamu akeekun kan ergaa miidhagaa dabarsitu uummata ayyaana kana irratti argameef dhiiyaatee jira. Mata duree "Haadha Gaaddisaa" jedhuun do'ii dhiyaate kana irratti taatonni jechoota qalbii nama rasuu fi wareegama sabboonaa barataa tunversitii Finfinnee kan ture qabsaawaa Gaaddisaa fi maatii isaan kan wal qabate yeroo ta'u do'iin kun isa wareegame yaadachuu qofaa osoo hin taane faajjii isaanii ol kaafnee kaayyoo isaanii bakkaan ga'uu, maatii isaanii illee bakka isaan jiranitti dhala isaanii bakka bu'aa taanee dhaqqabuufii danda'uun dirqama seenaati kan jedhu ergaa mi'uuftuu kan of keessaa qabu ture.

Kana malees "Documentary" fincilaan manneen barnootaa, gootowan FDG iirratti wareegamanii fi suuraaleen isaanii kan dhiyaatan yeroo ta'u walaloolon kan darbe yaadachiiftee isa fuula duraaf onnachiiftu J/Kumalaa Addunyaan kan dhiyaate yeroo ta'u caalbaasiin adda addaa fi gumaachi QBOf oolu hawaasa ayyaanicha irratti argamaniin arjoomameera. Xumara irrattis sirboota wallee warraaqsa ta'an dhiyeessuun kabajni guyyaa sanaa milkiin xumurameera.



